# Saalfiin iimaana irraayi

Abdullaah ilma Umar irraa odeeffamee -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namicha tokko kan saalfii irraa obboleessa isaa gorsuu dhaga'anii, akkas jedhan: "Saalfiin iimaana irraayi".
[Sahih/Authentic.] [Al-Bukhari and Muslim]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namicha tokko kan obboleessa isaa saalfii akka dhiisuuf gorsu dhaga'an! eegasii saalfiin iimaana irraa akka ta'e isaaf ifa galchan, inni toltuun malee hin dhufu. Saalfiin waan bareedaa hojjachuu irratti nama kakaaasa, akkasumas waan fokkataa dhiisuu irratti nama kakaasa.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee